**Qajeelfama Lakk 8/2006**

**Qajeelfama Dambii Ittiin Bulmaataa Abbootti Alangaa Raawwachisuuf Bahe.**

Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyya'ee Bahe haala barbaadameen raawwachiisuu fi hojiimaata iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu diriirsuuf qajeelfama raawwii baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Akkaataa Dambii Lakk 161/2005 keewwata 103 tiin qajeelfamni kanatti aanu bahee jira.

**Kutaa Tokko**

**Tumaalee Waliigalaa**

**1 Mata Duree Gabaabaa**

Qajeelfamni kun **"**Qajeelfama Dambii Ittiin Bulmaata Abbootti Alangaa Raawwachisuuf Bahe Lakk. 8/ 2006" jedhamee waamamu ni danda'a.

**2 Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisisuuf yoo ta'e malee qajeelfama kana keessatti:-

1. "Biiroo" jechuun Biiroo Haqaa Oromiyaati.
2. "Dambii" jechuun Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyya'ee Bahe Lakk.161/2005 jechuudha.
3. "Gumii Waliigalaa" jechuun Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa sadarkaa Biirootti dambiidhaan hundeefame jechuudha.
4. "Gumii Godinaa" jechuun Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa sadarkaa Godinaatti dambiidhaan hundeefame jechuudha.
5. "Jijjirraa Idilee" jechuun jijjiirraa waggaatti al tokko Adoolessa 1 hangaa Hagayyaa 30 tti gaggeefamu jechuudha.

6. “Jijjiirraa Addaa” jechuun jijjiirraa yeroo kamiyyuu gaggeefamu jechuudha.
7. “Guddina sadarkaa” jechuun Akkuma barbaachisummaa isaatti guddina olee yookiin dalgee jechuudha.
8. “Guddina sadarkaa olee” jechuun Abbaan Alangaa tokko aanaa irraa gara sadarkaa Abbaa Alangaa godinaatti yookiin godina irraa gara sadarkaa Abbaa Alangaa naannootti Kan itti guddatu jechuudha.
9. “Guddina Sadrakaa dalgee” jechuun Abbaan Alangaa tokko iddoodhuma hojjachaa jirutti sadarkaa amma irra jiru irraa gara sadarkaalee ol’aananiitti kan ittii guddatu jechuudha.
10. “Dabalata iskeelii miindaa” jechuun Abbaan Alangaa tokko sadarkaadhuma irra jiruutti garaa-garummaa miindaa ka’umsaa sadarkichaa fi fiixee sadarkichaa jiddu jiru waggaa lama lamaan dabalata miindaa argatu jechuudha.
11. “Muuxannoo Hojii Abbaa Alangaa” jechuun Abbaan Alangaa tokko ogummaa Abbaa Alangummaatiin guyyaa muudamee irraa eegalee yeroo tajaajile jechuudha.

## 3 Daangaa Raawwatiinsaa

Qajeelfamni Kun Hogganaa Biiroo, Itti aanaa Hoogganaa Biiroo fi Sadarkaa Itti Aanaa Hoganaa Biirootiin ala Abbootii Alangaa jiran hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## 4 Ibsa Koornayaa

Qajeelfama kana keessatti jechi koornaya dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

## 5 Kaayyoo

1 Sirna hojimaata jijjirraa iftoomina qabuu fi itti gaafatamummaa hordofsiisu danda’uu diriirsuudhaan hojii fi hojjetaa walqunnaamsiisuu fi rakkoo hawwasummaa Abbootii Alangaa mudatuu jijjiraadhaan hiikudhaan hojii isaanii tasgabbidhaan akka hojjatan taasiisuuf,

2 Abbootiin Alangaa miira tajaajiltummaa qabaatanii akka hojjetani fi sirnii dorgommii guddina sadarkaa ifaa fi itti gaafatamummaa qabu akka jiratu gochuun kaka’umsa hojii isaanii akka dabalu taasisuufi dha.

**6 Qajeeltoowwan Bu'uura**

1. Jijjirraa fi guddinnii sadarkaa kamiyyuu haala iftoomina, haqummaa fi itti gaafatamummaa qabuun raawwatamuu qaba.
2. Sirni dorgomii jijjirraa fi guddinni sadarkaa kaka'umsa hojii, naamusa gaarii fi ofitti amanamummaa Abbootii Alangaa kan cimsu ta'u qaba.

**Kutaa Lama**

**Jijjiirraa**

**7 Jijjirraa Raawwachuuf Fedhii Jiru Addaan Baasuu**

1. Waajjirri haqaa godinaa fedhii humna namaa dabalataan barbaduu sadarkaa waajjira haqaa godinaa fi aanaatti iddo banaa jiru adda baasee Bitootessa 1 hanga 30 tti Adeemsa Bulchiinsa Humna Namaa Biirootiif beeksisu qaba.
2. Adeemsi Hojii Bulchiinsa Humna Namaa Biiroo fedhii humna namaa waajjiraalee haqaa godinaa irra ergame qindessee Eebla 1 hanga 20tti Gumii Waligalaatiif dhiyyeessuu qaba.
3. Gumiin Waliigalaa fedhii humna namaa jiru erga addaan baasee booda beeksisni jijjirraa akka bahu ni murtessa.

**8 Beeksisaa Jijjirraa Baasuu**

**1** Akkataa qajelfama kana kewwata 7 (3) tiin murtii kenname bu'uraa godhachuun Biiroon beeksisa jijjirraa Abbootii Alangaa Caamsaa 1 hangaa 15tti baasuudhaan waajjiraalee haqaa godinaatiif ergu qaba.

**2** Waajjiraaleen haqaa godinaas beeksisaa jijjirraa Abbootii Alanga Biiroo irra ergameef boordii waajjiraa haqaa godinaatti maxxansuudhaan guyyoota hojii 10f tursiisuu qabu, akkasumaas gara waajjiralee haqaa aanaatti xalayaadhaan ergu qabu.

**3** Waajjiraaleen haqaa aanaas beeksiisa jijjirraa Abboottii Alangaa waajjira haqaa godina irra ergameef bakka Abbootiin Alangaa aanaa arguu danda'anitti maxxansuudhaan guyyoota hojii 10f tursiisuu qabu.

## 9 Galmeessuu fi Ragaa Qindeessu

1. Abbaan Alangaa beeksisa jijjirraa bahe irratti hunda'uun jijjirraa kan gaafatu yoo ta'e ragaalee jijjirraaf na faayyada jedhu footoo koppii fi orijinaala isaa qabachudhaan waajjira haqaa keessa hojechaa jirutti argamuun unkaa jijjirraa guutee galma'u qaba.
2. Abbaan Alangaa godina yookiin aanaa iitti jijjirramuu barbaadu filanoo isaa hanga godina sadii yookiin aanaa sadiitti filachuun unkaa iyyannoo isaa irratti ibsuu ni danda'a.
3. Waajjirii haqaa aanaa ragaa madaalii raawwii hojii, unkaa iyyannoo Abbaan Alangichaa guutee fi ragaalee jijjirraaf na faayada jedhee dhiyeeffatee qindessee waajjira haqaa godinaaf eerguu qaba.
4. Waajjirri haqaa godinaa ragaa madaallii raawwii hojii, unkaa iyyannoo Abboottiin Alangaa aanaa godina tokko irraa gara aanaa godina birootti jijjiramuuf guutanii fi ragaa jijjirraaf fayyadu waajjira haqaa aanoolee irraa gara godinaatti eergamee, akkasumas ragaalee Abboottiin Alangaa godinaa, godina tokkoo irraa gara godina birootti jijjiramuuf gaafatan dabalee qindessuun Caamsaa 16 hangaa 30 tti gara Biirootti erguu qaba.
5. Gumiin Godinaa jijjiirraa Abbootti Alangaa aanaa godinichaa ragaa madaallii raawwii hojii guutamee waajjiraalee haqaa aanaa irraa isaa ergamee fi ulagaalee jijjirraaf ka'aman irratti hundaa'uun jijjiirraa Abbootti Alangaa aanaa tokko irraa gara aanaa birraatti ni raawwata.
6. Adeemsi Hojii Bulchinsaa Humna Namaa Biiroo ragaalee waajjiraalee haqaa godinaatiin ergamee fi ulaagaalee jijjirraaf ka'aman irraatti hunda'uun Abbootti Alangaa godina tokko irraa gara godina biraatti jijjirramuuf gaafatan addaan baasee Gumiin Waliigalaa akka murteessu ni dhiyyeessaa.
7. Hogganaan Biiroo sadarkaa Biirootti, itti gaafatamaan waajjira haqaa godinaa sadarkaa godinaattii akka barbaachisummaa isaatti koree jijjiirraa hundeessuu ni danda'u.

## 10 Yeroo Jijjiirraan Itti Raawwatamu

1. Jijjiirraan Idilee sadarkaa Gumii Waliigalaatiin taasifamu waggaatti al tokkoo, Adoolesaa 1 hanga Hagayya 30 tti kan raawwatamu ta'ee, kan Gumii Godinaatiin raawwatamu immoo jijjiirraan Gumii Waliigalaatiin taasifamu erga xumurame booda kan raawwatamu ta'a.
2. Jijjirraan Addaa yeroo jijjirraa idilee osoo hin eegiin yeroo kamiyyuu raawwatamu ni danda'a.

## 11 Jijjiirraa Biiroodhaan Yookiin Waajjira Haqaa Godinaatiin Raawwatamu

1 Gumiin Waliigalaa yookiin Gumiin Godinaa humna namaa hojiif barbaachisu waldandesisuuf yookiin Abbootii Alangaa iddoo amma itti hojachaa jiraniitti waggaa shanii fi isaa ol kan turan godina tokko irraa gara godina birootti yookiin aanaa tokko irraa gara aanaa birootti jijjiree hojjechiisuu ni danda'a.

2 Gumiin Waliigalaa akkuma barbaachisummaa isaatti Abbootti Alangaa naannoo yeroo turmaata waggaa tokko hanga waggaa lamaa hin caalleef gara Dhaddacha Naanna'aatti jijjiree hojjechiisuu ni danda'a.

3 Hogganaan Biiroo yookiin itti gaafatamaan waajjiira haqaa godinaa yookiin aanaa Abbaa Alangaa tokkoo adeemsa hojii tokko irraa gara adeemsa hojii biroottii jijjiree hojjechiisuu ni danda'a.

4 Abbaa Alangaa kaka'umsa Biirootiin yookiin waajjira haqaa godinaatiin jijjirameef baasiin geejibaa Kan isaa, kan mi'a ittiin fesiifatuu fi kan maatii isaa akkasumas durgoon oolmaa isaa seera jiru irratti hundaa'udhaan Biiroodhaan yookiin waajjira haqaa godinaatiin ni kaffalamaaf.

## 12 Jijjiirraa Waliigaltee Abbootti Alangaa Irratti Hunda'ee Raawwatamu

1. Abbootiin Alangaa sadarkaa fi miindaan isaanii walfakkaatu lama waliigaltee taasiisuun godina tokko irraa gara godina biraatti jijiiramuu yoo barbaadan iyyata isaanii Biirootti yeroo kamiyyuu dhiyyeeffachuu ni danda'u.

2. Abbootiin Alangaa sadarkaa fi miindaan isaanii walfakkaatu godina tokko keessa jiran waliigalte taasisuun aaanaa tokko irraa gara aanaa biraatti jijjiramuu yoo barbaadan iyyata isaanii waajjira haqaa godinaatiif dhiyyeeffachuu ni danda'u.
3. Kan kewwata kana kewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee Abbootti Alangaa waliigalteen jijjiirraa gaafatan giddutti garaagarummaan miindaa kan jiru yoo ta'e godinni yookiin aanaan Abbaa Alangaa miindaa irra guddaa qabu ofiitti fudhatu waliigaluu isaa barreeffamaan kan mirkaneessu yoo ta'e qofa jijjirraan raawwatama.
4. Iyyannoon jijjirraa waliigalte Abbootti Alangaa irratti hunda'e dhiyyaatu fudhatama kan argatuu Abbootiin Alangaa waliigalte jijjirraa dhiyyeeffatan iddoo irraa gaafatan irratti yoo xiqqaate waggaa lamaa fi isaa ol kan tajaajilanii fi Gumiin Waliigalaa yookiin Gumiin Godinaa jijjiricha yoo hayyame qofa ta'a.

## 13 Jijjirraa Idilee Raawwachuuf Dhimmoota Dursanii Guutamuu Qaban

1 Abbaan Alangaa tokko iddoo amma ramadame hojjachaa jirutti yoo xiqqaate waggaa lamaa fi isaa ol kan tajaajile ta'u qaba.

2 Iddoon jijjirraan itti gaafatame bajata kan qabuu fi humna namaa dabalataa caasaadhaan hayyamame kan barbaadu ta'u qaba.

3 Iddoon Abbaan Alangichaa irraa jijjiramu sababa jijjirraatiin hojiin mootummaa kan hin miidhamne ta'u qaba.

4 Abbaan Alangaa adabbii naamusa cimaatiin adabame yeroo rikardii adabbii isaa kan xumure ta'u qaba.

## 14 Ulaagaaleewwan Jijjirraa Addaatiif Guutamuu Qaban

Jijjiiraan Addaa ulaagaalee armaan gadii irratti hundaa'e kan raawwatamu ta'a:-

a. Abbaan Alangichaa rakkoo fayyaa ifatti mul'atu yookiin miidhaa qaamaa naannoo sanatti isa hojjachiisuu hin dandeesifne,
b. Rakkoo fayyaa Boordii Hakimootaatiin hospiitaala beekamti qabu irraa mirkanaa'e,
c. Sababa dhukkubaa yookiin du'aatiin maatii Abbaa Alangichaa namni bulchu kan hin jirre ta'uun yoo mirkanaa'e,
d. Waliitti bu'iinsa hojii keessatti uumameen naannoo sanatti hojjachuu kan hin dandeenye ta'uun isaa yoo mirkanaa'e,

e. Sababa hojiitiin jijjirraa raawwachuun barbachisaa ta'ee yoo argame, yookiin
f. Hanqina naamusaatiin himata dhiyaate irratti hundaa'uun murtiin jijjirraa yoo keennamedha.

**15 Ulaagaalee Jijjirraan Ittiin Raawwatamu**

Ulaagaaleen jijjirraa kanneen armaan gadii ta'u;-

1. Rawwii Hojii,
2. Rakkoo Hawwaasummaa,
3. Muxannoo hojii,
4. Naamusaa fi
5. Sadarkaa Barumsaa dha.

**16 Qabxii Ulaagaalee Jijjirraa (requirement of transfer)**

1. Qabxiin raawwii hojii Abbootii Alangaaf kennamu kan Abbaan Alangichaa waggoottaan lamaan darbaniif waliitti aansee qabxii raawwii hojii gidduu galeessaan argate yammu ta'u, dorgommii jijjirraa kanaafiis %30 keessaa kan qabamu ta'e, Abbaan Alangaa qabxiin madaallii raawwii isaa giddu galeessaan %50 ta'e qabxii 30 keessaa qabxii 15 kan argatu ta'e, akkuma qabxiin madaallii raawwii hojii isaa dhibbantaa tokko tokkoon ol dabalaa deemuun tokkoo tokkoo dhibbantaa qabxii madaallii hojii dabalame sanaaf qabxiin 0.3 kan dabalamuuf ta'a.
2. Rakkoon Hawwaassummaa %20 keessaa kan kennamu ta'ee, Gumiin Waliigalaa yookiin Gumiin Godinaa akkaatuma ulfaatina rakkoo hawwaasummaa Abbaa Alangichaatiin qabxii itti amane kennuu ni danda'a.(subject to ultravires)
3. Qabxiin muxannoo hojitiif kennamu %20 keessa ta'ee, Abbootti Alangaa jijjirraaf dorgoman keessaa muxannoo hojii olaanaa kan qabuuf qabxiin 20 kan kennamuuf ta'ee, Abbootti Alangaa Abbaa Alangaa qabxii olaanaa argateen gaditti muxannoo hojii qabaniif muxannoo hojii waggaa tokkoo tokkoof qabxii 0.5 irraa hir'ifamee qabxii 20 keessaa kan shallagamuuf ta'a.
4. Qabxiin naamusaaf kennamu %20 keessaa ta'ee,

a. Abbaan Alangaa adabbii naamusa salphaa of-eeggannoon barreefama kennameef------ %10,

b. Abbaan Alangaa adabbii naamusa salphaa of eeggannoon afaanii kennameef ---------------%15,

c. Abbaan Alangaa rakkoo naamusaa kan hin qabne yookiin naamusaan adabamee yeroo rikordii adabbii naamusaa kan xumuree yoo ta'ee qabxii % 20 argata.

5. Sadarkaa barnootaatiif %10 keessaa kan kennamu ta'ee,

   a) Diiploomaaf-----%4,
   b) LLB tiif----%6
   c) LLB+MA tiif-------%8,
   d) LLM fi isaa oliif--- % 10 ni ta'a.

6. Sadarkaan barnootaa kan qabamu barnoota xumuru isaa kan ibsuu ragaa barnootaa isa muummee yookiin sartafikeeta yeroof kenname kan qabxii mulisu dhiyyeeffatee yookiin ragichii Biiroo yookiin waajjira haqaa Godinaatti galmee dhuunfaa isaa keessatti kan argamu yookiin yeroo dorgommiif galma'u yoo dhiyyeeffate qofaa dha.

**17 Sadarkaa Godinaalee fi Akkataa Muxannoon Hojii Itti Qabamu**

1. Godinaaleen fageenya Finfinnee irraa qabanii fi haala jireenyaaf mija'aa ta'u isaanii giddu galeessa godhachudhaan jijjirraa fi ramaddii qofaaf akka armaan gadiitti sadarkaa sadiitti ramadamanii jiru;-

   a. Godinaalee sadarkaa 1^ffaa;- Godina Addaa Naannawa Finfinnee, Magaalaa Adaamaa, Shawaa Bahaa, Shawaa Kibba Lixaa, Shawaa Lixaa, fi Shawaa Kaabaa,

   b. Godinaalee sadarkaa 2^ffaa ;- Godina Arsii, Arsii Lixaa, Harargee Lixaa, Wallaggaa Bahaa, Jimmaa, Wallaggaa Lixaa fi Horroo Guduruu Wallaggaa,

   c. Godinaalee sadarkaa 3^ffaa;-Godina Baalee, Gujii, Harargee Bahaa, Boorana, Iluu Abbaa Booraa fi Qeellam Wallaggaa dha.

2. Godinaalee sadarkaa 3^ffaa jedhaman keessaa waggaa tokkoof hojjachuun dhimma dorgommii jijjirraa qofaaf akka tajaajila waggaa 2 tti lakka'ama.

3. Godinaalee sadarkaa 2ffaa keessa waggaa tokkoof hojachuun dhimma dorgommii jijjirraaf qofa akka tajaajila waggaa tokko fi ji'a jahaatti lakka'ama.
4. Godinaalee sadarkaa1ffaa keessa waggaa tokkoof hojjachuun akkuma tajaajila hojii waggaa tokkootti lakka'ama.
5. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 fi 3 irratti tumame kan hojii irra oolu danda'uu, Abbaan Alangaa bu'uura Qajeelfama kana keewwata 13(1) tiin bakka ramadame sanatti yoo xiqqaate waggaa 2 kan tajaajile yoo ta'e qofa dha.
6. Waajjirri haqaa godinaa fageenya magalaa teessoo godinicha irraa qabanii fi haala jireenyaaf mija'aa ta'u isaanii giddu galeessa godhachuudhaan aanaalee isaanii sadarkaa sadiitti qoodu qabu.

## 18 Adeemsa Raawwii Dorgommii Jijjirraa

1. Iddoon duwwaa jiru lakkoofsa Abbootii Alangaa jijjirraa gaafataniin waliin wal-qixa yookiin isaa gadi yoo ta'ee, Abbootii Alangaa bakkichatti jijjirraa gaafataniif jijjiraan kallattin ni raawatamaaf.
2. Abbootii Alangaa jijjirraaf dorgomanii qabxii wal-qixa fidan keessaa Abbaa Alangaa dhibee (dhukubaa) hin fayyine qabuuf dursi ni kennamaaf. Haata'u malee lama yoo ta'aan Abbaa Alangaa gaa'eela keessa jiruuf dursii ni kennama.
3. Abbootii Alangaa jijjirraaf dorgoomanii qabxii wal-qixa fidan keessa dhukkuba hin fayyineen kan qabamanitti aansee Abbootii Alangaa rakkoo fayyaa biroo qabaniif dursi ni kennamaaf.
4. Ragaan dhukkuba hin fayyineen yookiin rakkoo fayyaa birootiin walqabatu Abbaan Alangichaa sababa dhibee kanaan bakka amma itti hojechaa jirutti itti fufiinsaan hojechuu kan hin dandeenyee ta'u isaa kan ibsu ta'u qaba.
5. Dorgomtoonii keewwata kana keewwata xiqqaa (2) fi (3) jalatti ibsaman kan hin jirree yoo ta'an Abbootii Alangaa miidhaa qamaa qabaniif dursi kan kennamuuf ta'ee, sababa miidhaa qaamaa qabaniin naannoo amma itti hojechaa jiraniitti itti fufiinsaan hojjechuu kan hin dandenyee ta'u isa mirkana'u qaba.

6. Dorgomtoonni keewwata kan keewwata xiqaa (5) jilaatti ibsaman kan hin jirre yoo ta'ee, Abbootii Alangaa gara maatii isaanitti dhiyyaachuuf jijjirraa gaafataniif dursi ni kennamaaf.
7. Dorgomtoonii carraan dursaa kennameef qabxii wal-qixa argatan yoo ta'ee, akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 8 tiin kan raawwatamu ta'a.
8. Dorgomtooni koornayaa garagaraa qaban qabxii wal qixa yoo fidan dubartootaaf dursii ni kennama. Dorgomtoonii koornayaa wal fakkatu qaban qabxii wal qixa yoo fidan dorgomaa rawwii hojitiin caalmaa qabuuf dursii ni kenama. Dorgomtoonii kun rawwii hojii isaanitiin wal qixa yoo ta'aan dorgomaa qabxii tajaajilaa caalmaa qabuuf dursii ni kennama. Haala kanaan addan basuun kan hin danda'amne yoo ta'ee qophaa'ina barnootaa qabanii fi carraadhaan addaan bahu.
9. Dorgomaan jijjirraa gaafatee dorgoome erga jijiirraan hayyamameefii booda bakka itti jijjirame sanatti sababa gahaa malee deemuu didudhaan carraa jijjirraa argateetti kan itti hin fayyadamne yoo ta'ee iddoo irraa jijjirametti hafee akka hojjatu taasifamee waggaa itti aanuu waggaa tokkoof dorgomii jijjiraaf galma'u hin danda'u.
10. Abbootiin Alangaa aanaa godina tokko irraa gara godina birootti jijjirraadhaan dhaqan iddoo banaa aanaalee godina sana keessa jiranitti ramadamuudhaaf kan dorgoman Abboottii Alangaa aanaa godina sana keessatti jijjirraa keessaa gaafatan waliin osoo hin taane Abboottii Alangaa jijjirradhaan godina biroo irraa dhufanii waliin ta'uu qaba.

**19 Jijjiirraa Seeraan Ala Kenname Haquu**

1. Jijjirraan ragaa sobaa yookiin gowwomsuutiin argamee yeroo kamiyyuu ni haqama.
2. Abbaan Alangaa ragaa sobaa dhiyeesse yookiin gocha gowwomsuu rawwatee fayyadamaa jijjirichaa yoo ta'e yookiin ta'uuf yaale naamusaan ni gaafatama.
3. Ragaa sobaa yookiin gocha gowwomsuu ta'u isaa osoo beekuu itti gaafatamaan jijjiricha ajajee fi miseensi koree jijjiricha caalalee gumiif dhihessee naamusaan itti gaafatamu.

## 20 Komii Dhiyyeeffachu

1. Abbaan Alangaa jijjirraa Gumi Waliigalaatiin gaggefame irratti komii kan qabu yoo ta'e iyyannoo isaa barreeffamaan guyyaa xalayaan jijjirraa isa qaqqabe irraa kaasee guyyaa 15 kessaatti Hogganaa Biirootti dhiyeeffachu ni danda'a.
2. Hogganaan Biiroos komii iyyannoo dhiyyaateef sirrii ta'uu isaa yoo itti amane irra deebi'amee akka ilaalamuuf gara Gumii Waligaalatti qajeelchuu ni danda'a.
3. Abbaan Alangaa jijjirraa Gumii Godinaatiin gaggeffame irratti komi kan qabu yoo ta'e iyyannoo isa barreffamaan guyyaa xalayaan jijjirra isa qaqqabee irra kaasee guyyaa 15 kessaatti itti gaafatamaa waajjira haqaa godinaatti dhiyyyeeffachu ni danda'a.
4. Hogganaan waajjira haqaa godinaas komii iyyannoo dhiyaateef sirrii ta'uu isaa yoo itti amane irra deebi'amee akka ilaalamuuf gara Gumii Godinaatti qajeelchuu kan danda'u ta'ee, deebiin kennamu guyyaa komiin dhiyaate irraa kaasee guyyaa 15 caaluu hin qabu.
5. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 3 fi 4 jalatti tumame akkuma eegameetti ta'ee, Abbaan Alangaa jijjirraa Gumii Godinaatiin gaggeffame irratti komi kan qabu yoo ta'e iyyannoo isaa barreffamaan guyyaa xalayaan jijjirra isa qaqqabee yookiin komiin iyyannoo isaa fudhatama dhabe irra kaasee guyyaa 30 kessaatti Gumii Waliigalaatiif dhiyeeffachu ni danda'a.
6. Gumiin Waliigalaa komii iyyannoo dhiyaateef guyyaa komiin isaaf dhiyaatee irraa kaasee guyyaa 15 keessaatti murtii kennu qaba. Murtii Gumiin kennuus isa dhumaa ta'a.
7. Abbaan Alangaa iyyannoo dhiyeeffatee Gumiidhaan irra deebi'amee ilaalamee jijjiramuu akka qabu yoo murta'eef bakka jijjirraa itti gaafate sanatti bakki banaan kan jiru yoo ta'ee jijjirame akka deemu ni tasifama, kan hin jirree yoo ta'e immo yeroo itti aanutti dursi kennameefi dorgommii malee akka jijjiramu ni tasifama.

**Kutaa Sadii**

**Guddina Sadarkaa Abbootti Alangaa**

**21 Haala Guddinni Sadarkaa Ittii Kennamu**

1. Guddinni sadarkaa olee fi dalgee kan raawwatamu dorgomiidhaan qofa ta'a.
2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma eegameetti ta'ee, Abbaan Alangaa adabbii naamusa cimaatiin sadarkaa irraa gad bu'e yeroo rikardii adabbichii itti kenname xumure dorgommii malee sadarkaa duraan irraa tureetti ni deebi'a. Haat'uu malee guddinaa sadarkaatiif dorgomuu kan danda'u guyyaa deebi'ee irraa kaasee iddoo sana irraatti waggaa lamaaf tajajiluu qaba.
3. Guddinni sadarkaa kan gaggeffamuu beeksisa baasuudhaan ta'ee, beeksisa ba'u irraatiis sadarkaa yookiin bakki guddinii sadarkaa itti kennamuu addaan bahee ibsamuu qaba.
4. Abbootiin Alangaa guddina sadarkaatiif dorgoman qabxii walqixa kan fidan yoo ta'e dubartootaa fi qaama miidhamtootaaf dursi ni kennama.
5. Dorgomtoonni dubartii fi qaama miidhamaan tokko qabxii walqixa yoo fidan qaama miidhamaaf dursii ni kennama, haata'u malee dubartii miidhaa qaamaa qabduf dursi ni kennamaaf.
6. Abbootiin Alangaa haala walfakkaataa keessa jiran guddina sadarkaatiif dorgomanii qabxii walqixa yoo fidan dorgomaa madaallii raawwii hojii fi qophaa'ina barumsaatiin qabxii caalmaa qabuuf dursi ni kenama; haala kanaan addaan baasuun kan hin danda'amne yoo ta'e carraadhaan addaa ni ba'u.
7. Abbaan Alangaa tokko sadarkaa guddinaa erga argatee booda sadarkaa guddina biraattiif dorgomuu kan danda'u sadarkaa itti guddate irratti yoo xiqqaatee waggoota lamaaf kan tajaajile yoo ta'ee dha.
8. Abbaan Alangaa carraa barumsaa kennameefii hojii isaa irraa bilisa ta'e barachaa jiru yeroo barumsa irra jiru sanatti guddina sadarkaatiif dorgomu hin danda'u.
9. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 7 jalatti tumame akkuuma eegameetti ta'ee, Abbootiin Alangaa Leenjii Hojii Duraa xumuranii ramadaman sadarkaa

itti aanutti guddachuuf bakka ramadaman sana irra yoo xiqqaate waggaa 2 fi ji’a 6 tajaajilu qabu.

10. Abbaan Alangaa adabbii naamusaa cimaatiin adabamee yeroo rikordii adabbichaa kan xumurame yoo ta’e malee guddina sadarkaatif dorgomu hindanda’u.
11. Abbaan Alangaa dhimmi naamusaa isaa qoratamaa jiru yookiin himanni naamusaa irratti dhiyaatee guddina sadarkaatiif dorgome kan darbe yoo ta’ee illee hanga dhimmichii murtii dhumaa aragatuutti guddinni isaa dhorkame ni tura.
12. Abbaan Alangaa guddina sadarkaatiif dorgomu kan hin argamne yoo ta’ee, Gumiin Waliigalaa hojiif jecha ulaagaalee qajeelfama kana keessatti tumaman irratti hundaa’uudhaan Abboottii Alangaa jiran keessaa aanaa irraa gara godinaatti, godina irraa gara Biirootti guddisuu ni danda’a.
13. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame akkuma eegametti ta’ee, Gumiin Waliigalaa Abbootti Alangaa barnoota isaanii ogummaa seeratiin gara digirii 2ffaa fi isaa olittii fooyyeffatanii fi ulaagaa guutan Abbaa Alangaa naannoo yookiin godinaa taasiisee dorgommii malee ramaduu ni danda’a.
14. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 13 jalatti tumamee yoo jiraate iyyuu baayinni Abbootii Alangaa barumsa isaanii fooyyeffatanii fi baayyinni iddoo banaa jiru kan wal hin simne yoo ta’ee namootuma barumsa fooyyeffatan jidduuttii wal-dorgommiin taasifamee kanneen qabxii caalmaa qabaniif naannoo yookiin godina irratti Gumiin Waliigalaa ramaduu ni danda’a.
15. Abbaan Alangaa godina irraa gara Biirootti yookiin aanaa irraa gara godinaatti yammuu guddatu akkuuma walduraa duuba isaanitiin Abbaa Alangaa naannoo sadarkaa 1ffaa yookiin Abbaa Alangaa godinaa sadarkaa 2ffaa ta’ee kan ramadamu ta’a.
16. Abbaan Alangaa tokko sadarkaa itti ramadame irratti turmaata waggaa lama booda guddina sadarkaalee itti aanan sadii hincaalle irratti Abbootti Alangaa jiran waliin dorgomu ni danda’a.
17. Abbootii Alangaa guddina sadarkaa oleetiif dorgomanii qabxii fooyya’aa fidanii jiran fi gara Biirootti yookiin gara godinaatti guddachuuf dorgomanii osoo hin argatiin hafan keessaa akkaataa walduraa duuba qabxii argataniitiin baayyina

isaanii haala gumiin murteessuun akka eeggataatti qabamanii bara bajataa sana keessatti ji'oota 6f eeggatoota ta'anii ni turu.

18. Abbootii Alangaa guddina sadarkaa oleetiif dorgomanii qabxii caalmaa fidanii darbanii sababa adda addaatiin iddoo yookiin bakka itti guddatan irratti hojii jalqabuu yoo hin dandeenye akkaataa walduraa duuba qabxii argataniitiin Abbootiin Alangaa eeggataan qabaman akka irratti guddatan ni taasifama.
19. Abbaan Alangaa guddina sadarkaa oleetiif dorgome darbe sababa gaha malee iddoo Biiroon isa ramadeetti deemee hojjachuu kan dide yoo ta'ee, waggaa lamaaf guddina sadarkaa oleetiif dorgomuu hin danda'u.

## 22 Galmeessuu fi Ragaa Qindeessu

1. Abbaan Alangaa beeksisa guddina sadarkaa bahe irratti hunda'uun guddina sadarkaatiif dorgomuu kan barbadu yoo ta'ee ragaalee guddina sadarkaatiif na faayyada jedhu footoo koppi fi orijinaala isaa qabachudhaan waajjira haqaa keessa hojechaa jiruutti argamuun unkaa guddina sadarkaa guutee galma'u qaba.
2. Waajjirii haqaa aanaa ragaa madaallii raawwi hojii, unkaa iyyannoo Abbaan Alangichaa guutee fi ragaalee guddina sadarkaatiif na faayyada jedhee dhiyeeffate qindesee waajjira haqaa godinaaf eerguu qaba.
3. Waajjirri haqaa godinaa ragaa madaallii raawwii hojii, unkaa iyyannoo guddina sadarkaa Abbootiin Alangaa aanaa irraa gara godinaatti guddachuuf, akkasumas kan Abbootti Alangaa godina irraa gara Biirootti guddachuuf guutan qindessuun gara Biirootti erguu qaba.
4. Adeemsi Hojii Bulchiinsa Huma Namaa Biiroo ragaalee waajjiralee haqaa godinaatiin ergamee fi ulaagaalee guddina sadarkaaf ka'aman bu'ureeffachuun Abbootti Alangaa guddina sadarkaaf dorgoman addaan baasee Gumiin Waliigalaa akka murtessu ni dhiyeessaa.

## 23 Ulaagaaleewwan Guddina Sadarkaa Abbootti Alangaa

**1** Bu'aa madaallii raawwii hojii,

2 Sadarkaa barumsaa,

3 Naamusaa fi

4 Muuxannoo hojiidha.

**24 Ulaagaalee fi Kenniinsa Qabxii Dorgommii**

1. Madaalliin raawwii hojii kan Abbaan Alangichaa waggoota lamaaf waliitti aansee giddu galeessaan qabxii argate yammuu ta'u, dorgommii sadarkaa guddinaa kanaaf % 50 keessaa kan qabamu ta'ee; Abbaan Alangaa qabxiin madaallii raawwi hojii isaa kan waggaa lama giddu galeessaan %50 ta'e qabxii 50 keessaa qabxii 25 kan argatu ta'e, akkuma qabxiin madallii raawwi hojii isaa dhibbantaa tokko tokkoon ol dabalaa deemuun tokkoo tokkoo dhibbantaa dabalee sanaaf qabxiin 0.5 kan dabalamuuf ta'a.
2. Sadarkaan Barumsaa % 20 keessaa kan qabamu ta'ee :-
   a) Diiploomaaf-------- % 15,
   b) LLB tiif------------- % 17,
   c) LLB + MA tiif----- %18,
   d) LLM fi isaa oliif ---- % 20 dha.

3. Naamusaaf %15 keessaa kan qabamu ta'ee:-
   a) Abbaa Alangaa adabbii naamusa salphaa of-eeggannoon barreefama kennameef------------------------ %7,
   b) Abbaa Alangaa adabbii naamusa salphaa ofeeggannoon afaanii kennameef------------------------- %11,
   c) Abbaa Alangaa rakkoo naamusaa kan hin qabne yookiin naamusaan adabamee yeroo rikordii adabbii naamusaa kan xumuree yoo ta'ee % 15 kan argatu ta'a.
4. Qabxiin muxannoo hojiitiif kennamu %15 keessaa ta'ee, Abbootti Alangaa guddina sadarkaaf dorgoman keessaa muxannoo hojii olaanaa kan qabuuf qabxiin guutuun (qabxii 15) kan kennamuuf ta'ee, Abbootti Alangaa Abbaa Alangaa qabxii olaanaa argateen gaditti muxannoo hojii qabaniif muxannoo hojii waggaa tokko tokkoof qabxiin 0.5 irraa hir'ifamee qabxii 15 keessaa kan shallagamuuf ta'a.

**25 Akkataa Muxannoon Hojii Itti Shallagamu**

Muxannoon hojii kallatti fi al kallattiin kan qabamu ta'ee:-

1. Muxannoon hojii Abbaa Alanggummaan yookiin Abbaa Seerummaan yookiin Abukaattummaan yookiin ekiispartii seeraatiin yookiin barsiisummaa barumsa seeraatiin qabu akka hojii muxannoo kallatiitti lakka'amee guutuuma guutuutti ni qabamaaf. Haa ta'u malee tajaajilli inni sadarkaa barumsa isaa gara diiploomaa seeraa fi sanaa ol'itti osoo hin foyyeeffatiin dura kennaa ture harka afur keessaa harki tokko kan qabamuuf ta'a. Haallii shallaggii muxannoo hojii sadarkaa barumsaan walqabatuu ilaalchisee akkaataa qajeelfama kana kewwaata 31 jalatti tumameen kan raawwatamu ta'a.
2. Muxannoon hojii Abbaan Alangichaa osoo gara hojii Abbaa alangummaatti hin dhufiin dura poolisii qorataa yakkaa ta'e kan hojjate yoo ta'e akka muxannoo hojii al kallattii kallattiitti siqutti lakka'amee tajaajjilli inni hojii qorannaa yakkaatiin kennee barumsa seeraa gara diipiloomaa yookiin digiriitti erga foyyeeffatee booda yoo ta'e walakkaan isaa ni qabamaaf. Haata'u malee tajaajilli inni sadarkaa barumsa isaa osoo gara diiploomaa seeraatti yookiin isaa oliitti hin foyyeffatiin dura hojii qorataa poolisumaatiin kan tajaajila kennaa ture harka afur keessaa harki tokko kan qabamuuf ta'a.
3. Muxannoon hojii Abbaan Alangichaa hojii mootummaa birootiin qabu akka muxannoo hojii al kallattiitti lakka'amee harka afur keessaa harki tokkoo ni qabamaaf.

## 26 Sababa Guddinni Sadarkaa Ittii Haqamu

Guddinni sadarkaa kenname sababa armaan gadiitiin haqamuu ni danda'a.

**1.** Dogoggora qaama filannoo gaggeesseen kan raawwatamee yookiin

**2.** Abbaan Alangaa guddinaa sadarkaatiif dorgomuu ragaa sobaa dhiyyeessudhaan yookin seera cabsuudhaan guddina sadarkaa kan argatee yoo ta'e dha.

**3.** Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatu iyyuu guyyaa murtiin guddina sadarkaa kenname irra eegale baatii 6 keessatti dogoggor uumammuun isaa kan hin beekamne yoo ta'ee, guddinni kenname hin haqamu.

**27 Itti Gaafatamummaa**

1. Abbaan Alangaa ragaa sobaa dhiyeessuun guddina sadarkaa kan argate yookiin kan argachuuf yaalee badii naamusaa raawwachu isaatiif kan itti gaafatamuu ta'ee, waggoottaan lamaaf guddina sadarkaatiif dorgomuu hin danda'u.
2. Guddinni sadarkaa kenname sababa dogoggora qaama filannoo gaggesseen ta'uun isaa yoo irra gahame namni yookiin qaamni badii raawwate naamusaan kan itti gaafatamu ta'a.

# Kutaa Afur

## Miindaa Fi Carraa Barumsaa

### 28 Ka'umsaa fi Fiixee Miindaa Abbootii Alangaa

1. **Ka'umsa fi Fiixee Miinda Abbootii Alangaa Naannoo**

| Lakk | Sadarkaa hojii | Sadarkaa barumsaa | Muxannoo Hojii | Miindaa ka'umsaa | Fiixee miindaa | Baayinaa Abbaa Alangaa Barbachisu |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abbaa Alangaa Waliigalaa (Hogganaa Biiroo) | | Muudama | 7425 | | 1 |
| 2 | I/A/Abbaa Alangaa Waliigalaa (Itti Aanaa Hogganaa Biiroo) | | " | 6750 | | |
| 3 | Abboottii Adeemsalee sadarkaa Biiroo | LLB | " | 6316 | 9871 | 4 |
| | | LLM | " | | | |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 5ffaa | LLB | Waggaa 14 | 5649 | 8489 | 5 |
| | | LLM | Waggaa 12 | | | |
| | | PHD | Waggaa 10 | | | |
| 2 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 4ffaa | LLB | Waggaa 12 | 5243 | 7892 | 10 |
| | | LLM | Waggaa 10 | | | |
| | | PHD | Waggaa 8 | | | |
| 3 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 3ffaa | LLB | Waggaa 10 | 5051 | 7609 | 12 |
| | | LLM | Waggaa 8 | | | |
| | | PHD | Waggaa 6 | | | |
| 4 | Abbaa Alangaa sadarkaa 2ffaa | LLB | Waggaa 8 | 4866 | 7338 | 13 |
| | | LLM | Waggaa 6 | | | |
| | | PHD | Waggaa 4 | | | |
| 5 | Abbaa Alangaa sadarkaa 1ffaa | LLB | Waggaa 6 | 4688 | 7074 | 15 |
| | | LLM | Waggaa 4 | | | |

## 2. Ka'umsa Fi Fiixee Miinda Abbootii Alangaa Godinaa

| Lakk | Sadarkaa hojii | Sadarkaa barumsaa | Muxannoo hojii | Miindaa ka'umsaa | Fiixee miindaa | Baayinaa Abbaa Alangaa barbachisu |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | I/Gaafatamtoota Wajjira Haqaa Godinaa | LLB<br>LLM | Mudamaa | 5600 | | 1 |
| 2 | Abbaa Adeemsaa H/Q/Y fi M/H Kennisisu | LLB<br>LLM | Mudamaa | 4933 | 7560 | 1 |
| | | LLB | Waggaa 10 | | | |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 5ffaa | LLM | Waggaa 8 | 4516 | 6925 | 2 |
| | | | | | | |
| 2 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 4ffaa | LLB | Waggaa 8 | 4186 | 6424 | 3 |
| | | LLM | Waggaa 6 | | | |
| 3 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 3ffaa | LLB | Waggaa 6 | 4030 | 6195 | 4 |
| | | LLM | Waggaa 4 | | | |
| 4 | Abbaa Alangaa sadarkaa 2ffaa | LLB | Waggaa 4 | 3880 | 5971 | 3 |
| | | LLM | Waggaa 2 | | | |
| 5 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 1ffaa | LLB | Waggaa 2 | 3462 | 5332 | 2 |
| | | LLM | Waggaa 0 | | | |

### 3. Ka'umsa fi Fiixee Miinda Abbootii Alangaa Aanaa

| Lakk | Sadarkaa hojii | Sadarkaa barumsaa | Muxannoo hojii | Miindaa ka'umsaa | Fiixee miindaa | Baayinaa Abbaa Alangaa Barbachisu |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | I/Gaafatamaa waajira haqaa Aanaa | LLB<br>LLM | Mudamaa | 3570 | | 1 |
| 2 | Abbaa Adeemsaa Q/G/Y fi M/H Kennisisu | Dip seeraa<br>LLB<br>LLM | Mudamaa | 3204 | 4933 | 1 |
| 1 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 5ffaa | Dip seeraa<br>LLB<br>LLM | Waggaa 8<br>Waggaa 4<br>Waggaa 2 | 3332 | 5074 | 4 |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 2 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 4ffaa | Dip.Seeraa | Waggaa 6 | 3085 | 5081 | 4 |
| | | LLB | Waggaa 2 | | | |
| 3 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 3ffaa | Dip.Seeraa | Waggaa 4 | 2854 | 4358 | 3 |
| | | LLB | Waggaa 0 | | | |
| 4 | Abbaa Alangaa sadarkaa 2ffaa | Dip.Seeraa | Waggaa 2 | 2639 | 4033 | 2 |
| 5 | Abbaa Alangaa Sadrkaa 1ffaa | Dip.Seeraa | Waggaa 0 | 2435 | 3727 | 1 |

**29 Kaffaltii Kiraa Mana Jireenyaa fi Geejjibaa Abbootii Alangaa**

Kaffaltii kiraa mana jireenyaa fi geejjibaa Abboottii Alangaa hanga qoratamee foyya'utti akkaataa qajeelfama iddoo ka'umsaa fi gahumsa miindaa Abboottii Alangaa murteessuuf bahe lakk. 1/1999 keewwata 4 tiin kan raawwatamu ta'a.

## 30 Iskeelii Miindaa

1. Abbaan Alangaa kamiyyuu sadarkaadhuma irra jirutti dorgomii malee hanga fiixee miindaa sadarkichaaf ka'ame hin caalletti dabalata iskeelii miindaa waggaa lama lamaan aragchuu ni danda'a.
2. Kan keewwata kana keewata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee Abbaan Alangaa adabbii naamusaa cimaatiin adabame hanga yeroo rikardii adabbichaa xumurutti, akkasumaas Abbaan Alangaa sadarkaan barumsaa isaa sartifikeetii seeraa qofa qabu dabalata iskeelii miindaa argachuu hin danda'u.
3. Abbaan Alangaa dabalata iskeelii miindaa kan argate yoo ta'e illee guddina sadarkaa dalgee itti aanuutti dorgomu ni danda'a.
4. Skeeli miindaa Abbootii Alangaa akkaataa gabateewwan armaan gadiitiin raawwatama.

### a. Gabatee Skeelii Miindaa Abbootii Alangaa Naannoo

| La kk | Gosa Tajaajilaa | Ka'umsa Mindaa | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | Fiixee |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | A/Alangaa Naannoo Sad.1ffaa | 4688 | 4892 | 5105 | 5328 | 5561 | 5804 | 6047 | 6294 | 6544 | 6804 | 7074 |
| 2 | A/Alangaa Naanoo Sad. 2ffaa | 4866 | 5077 | 5298 | 5529 | 5770 | 6022 | 6274 | 6530 | 6789 | 7058 | 7338 |
| 3 | A/Alangaa Nannoo Sad.3ffaa | 5051 | 5269 | 5498 | 5737 | 5986 | 6247 | 6508 | 6773 | 7041 | 7319 | 7609 |
| 4 | A/Alangaa Naannoo Sad.4ffaa | 5243 | 5469 | 5706 | 5954 | 6212 | 6482 | 6752 | 7026 | 7304 | 7592 | 7892 |
| 5 | A/Alangaa Naannoo Sad.5ffaa | 5649 | 5892 | 5908 | 6164 | 6431 | 6710 | 6989 | 7559 | 7858 | 8167 | 8489 |
| 6 | Gaggeessitoota A/H Naannoo | 6316 | | | | | | | | | | |

## b. Gabatee Skeelii Miindaa Abbootii Alangaa Godinaa

| La kk | Gosa Tajaajilaa | Ka'umsa Mindaa | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | Fiixee |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | A/Alangaa Godina Sad.1ffaa | 3462 | 3617 | 3778 | 3947 | 4123 | 4303 | 4491 | 4687 | 4892 | 5107 | 5332 |
| 2 | A/Alangaa Godina Sad. 2ffaa | 3880 | 4053 | 4233 | 4422 | 4619 | 4820 | 5030 | 5249 | 5478 | 5718 | 5971 |
| 3 | A/Alangaa Godina Sad.3ffaa | 4030 | 4209 | 4395 | 4591 | 4795 | 5002 | 5220 | 5447 | 5684 | 5933 | 6195 |
| 4 | A/Alangaa Godina Sad.4ffaa | 4186 | 4371 | 4563 | 4766 | 4977 | 5192 | 5416 | 5651 | 5896 | 6153 | 6424 |
| 5 | A/Alangaa Godina Sad.5ffaa | 4516 | 4715 | 4922 | 5140 | 5367 | 5598 | 5839 | 6092 | 6356 | 6633 | 6925 |
| 6 | Gaggeessaa Adeemsa Hojii Godinaa | 4933 | | | | | | | | | | |

## c. Gabatee Skeelii Mindaa Abbootii Alangaa Aanaa

| La kk | Gosa Tajaajilaa | Ka'umsa Mindaa | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | Fiixee |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | A/Alangaa Aanaa Sad.1ffaa | 2435 | 2484 | 2599 | 2720 | 2846 | 2978 | 3116 | 3259 | 3408 | 3564 | 3727 |
| 2 | A/Alangaa Aanaa Sad. 2ffaa | 2639 | 2692 | 2816 | 2947 | 3083 | 3225 | 3374 | 3528 | 3689 | 3857 | 4033 |
| 3 | A/Alangaa Aanaa Sad.3ffaa | 2854 | 2911 | 3045 | 3186 | 3333 | 3486 | 3647 | 3813 | 3987 | 4168 | 4358 |
| 4 | A/Alangaa Aanaa Sad.4ffaa | 3085 | 3223 | 3368 | 3520 | 3678 | 3840 | 4009 | 4185 | 4370 | 4562 | 4756 |
| 5 | Gaggeessaa Ade.Hojii Aanaa | 3204 | | | | | | | | | | |
| 6 | A/Alangaa Aanaa Sad. 5ffaa | 3332 | 3482 | 3635 | 3795 | 3962 | 4136 | 4318 | 4508 | 4705 | 4902 | 5102 |

**31 Shallaggii Barumsaa**

1. Abbaan Alangaa tokko sadarkaa hojjechaa jiru irratti barumsa diiploomaa yookin digirii irraa gara sadarkaa barumsa itti aanutti fooyyeffatee xumuree yoo dhiyeesse, tajaajjilli inni duraan diiploomaadhaan yookiin digiriidhaan kennaa ture osoo hin dacha'iin akkuma barumsa fooyyefatee dhiyeefateen kennetti lakka'amee kan qabamuuf ta'a.

2. Abbaa Alangaa tokko sadarkaa hojjechaa jiru irratti barumsa isaa fooyyeffatee xumuree yoo dhiyeesse, tajajjilli inni sartifiketiin kenne waggaan afur akka waggaa tokkootti lakka'amee kan qabamuuf ta'a.

**32 Abbootii Alangaa Sadarkaa Itti Aanutti Dabarsanii Ramaduu**

1. Yeroo ramaddiin gaggeeffamu ulaagaan sadarkiichi gaafatu digrii ta'ee otoo jiruu kanneen diiploomaa qofa qabaniif tajaajjilli waggaa 2 akka muuxannoo waggaa 1tti kan qabamuuf ta'a.
2. Yeroo ramaddiin gaggeeffamu ulaagaan sadarkiichi gaafatu yoo xiqaatee digirii seeraa yoo ta'e kanneen sertifikeetii seeraa qofa qabaniif guddiinni sadarkaa fi dabalanni iskeelii miindaa osoo hin kennaminiif miindaadhuma amma argatan argachaa kan turan ta'u.

**33 Mirga Barumsaa fi Dirqamaa Abbaan Alangaa Qabu**.

1 Biiroon dandeettii raawwachiiftummaa hojii Abbootii Alangaa cimsuuf haala Abbootiin Alangaa barumsa yookiin leenjii yeroo dheeraa fi gabaabaadhaan dandeetti ogummaa hojii isaanii waliin wal-qabatu itti cimsachuu danda'an ni mijeessa. Haata'u malee Abbaan Alangaa Kamiyyuu osoo Biiroon hin hayyaminiif hojiidhaan ala ta'e barumsa idilee barachuu hin danda'u.

2 Abbaan Alangaa miindaa fi faayidaleen isaa eegameefii barumsa yookiin leenjii yeroo dheeraa ji'a lamaa ol ta'e baratee eerga barumsa yookiin leenjii isaa xumuree booda, dachaa yeroo barumsa irratti dabarse sanaa tajaajilluuf dirqama ni qaba.

3 Abbaan Alangaa miindaa fi faayyidaaleen isaa eegameefii barumsa yookiin leenjii yeroo dheeraa baratu kamiyyuu eerga barumsa yookiin leenjii isaa xumuree booda, dachaa yeroo barumsa yookiin leenjii irratti dabarse sana tajaajilluuf dirqama akka qabuu Biiroo wajjin walii galtee mallateesuu qaba.

4 Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti tumame akkuuma eeggametti ta'ee kanneen walii galtee osoo hin mallatteesiin barumsi yookiin leenjiin yerooo dheeraa hayyamameefii baratan yookiin leenjii'an akkuuma waliigaltee yeroo dachaa tajaajiluuf Biiroo waliin mallateesaniitti fudhatamee seeraa fulduratti raawwatinsa ni qabaata.

5 Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti caqasame akkuma eeggametti ta'ee barumsa isaa erga xumuree booda yeroo tajaajiluuf dirqama qabu osoo hin xumuriin hojii Abbaa Alangummaa kan gad lakkisu yoo ta'ee miindaa fi faayidaalee yeroo barumsaa argachaa turee fi baasiwwaan biroo spoonsarii barumsa isaatiif bahe baase dabalatee kaffaluuf dirqama ni qabaata.

6 Kaffaltiin keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti tumame kan raawwatamuu baasiin walii galaa Abbaa Alangichaa irraa barbaadamu yeroo dirqama tajaajiluuf qabuuf qoodamee erga barumsa isaa xumuree booda waggaa waggaan tajaajila kenneen baasii walii galaa irraa hir'ifaamaa kan deemu ta'a.

## Kutaa Shan

## Ramaddii Abbootii Alangaa, Itti Gaafatamtootaa fi Abbootii Adeemsaa

### 34 Ramaddii Abbootii Alangaa Haara

1. Abbootiin Alangaa haaraan osoo gara hojii Abbaa Alangummatti hin deemiin dura bakka misseensoonni Gumii Waliigaala jiraniitti hoganaa Biirootiin kakuu waadaa akka raawwatan ni taasifamu.
2. Abbootiin Alangaa haaraan godinaalee sadarkaa 3^ffaa^ iddoo banaa jiruutti carraa baasudhaan Gumii Waliigalaatiin ni ramadamu**.**
3. Kan keewata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee godinaalee sadarkaa 3^ffaa^ keessatti iddoon banaan gahaa ta'e kan hin jirre yoo ta'e godinaalee sadarkaa 2^ffaa^ iddoo banaa qabaniitti carraa baasudhaan ni ramadamu.
4. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatuyyuu Abbootiin Alangaa sababa miidhaa qaamaattiin godinaalee sadarkaa 3ffaatti ramadamanii hojjachuuf kan hin dandeenye yoo ta'e godinaalee sadarkaa 2^ffaa^ yookiin godinaalee sadarkaa 1ffaatti ramadamanii akka hojjetan ni taasifamu .

5. Waajjirri haqaa godinaalee Abbotti Alangaa haraa Biiroodhaan qacaramanii gara godina isaanitti ramadamanii dhaqan akkaataa keewwata kana keewata xiqqaa 2, 3 fi 4 tiin aanaalee isaanii sadarkaan kaa'aman keessatti Gumii Godinaatiin ramadamuu qabu.

**35 Ramaddii Abbootii Alangaa Itti Gaafatamummaa Irraa Ka'anii**

1 Abbootiin Adeemsa hojii sadarkaa Biiroo yookiin itti gaafatamaan waajjira haqaa godinaa yookiin aanaa itti gaafatamummaa irraa yammuu ka'an bakkuma hojjachaa jiraniitti bakka sadarkaan barumsaa fi muxannoon hojii isaanii hayyamuutti kan ramadaman ta'u.

2 Itti gaafatamaan waajjira haqaa godinaa yookiin aanaa itti gaafatamummaa irraa ka'anii guddina sadarkaa olee gara godinaatti yookiin Biirootti guddachuu kan barbaadan yoo ta'ee Abbootii Alangaa kan biroo wajjiniin dorgomii taasifamuun kan raawwatamu ta'ee dorgommii taasifamu keessatti qabxii walqixa kan argatan yoo ta'ee Abbaa Alangaa sababa rakkoo naamusaa yookiin hanqina dandeetitiin ala itti gaafatamummaa irraa ka'eef kan qajelfamaa kana kewwata 21 kewwataa xiqaa 4 fi 5 jalatti tumame akkumaa eegameetti ta'ee dursi ni kennamaaf.

**36 Ramaddii Abbootii Adeemsa Hojii Fi Itti Gaafatamtootaa Aanaa**

**1** Gumiin Godinaa Abbootti Alangaa godinaa keessaa ulaagaa qajeelfama kana kewwata 23 fi 24 jalatti tumame irratti hunda'udhaan wal dorgomsiisuun Abbootii Alangaa gaggeessa adeemsa hojii waajjira haqaa godinaa ta'u danda'an filachuun akka mirkana'uuf Gumii Waliigalaatiif ni dhiyyeessa**.**

**2** Gumiin Godinaa ulaagaa filannoo Gumiin Waliigalaa baasee gadi buusu irratti hunda'uun Abbootti Alangaa aanaa keessaa itti gaafatamaa waajjira haqaa aanaa ta'uu kan danda'an filachuudhaan akka mirkanaa'uuf Gumii Waliigalaatiif ni dhiyyeessa.

**3** Gumiin Godinaa Abbootti Alangaa aanaa keessaa ulaagaa qajeelfama kana kewwata 23 fi 24 jalatti tumame irratti hunda'udhaan wal dorgomsiisuun Abbootii Alangaa gaggeessaa adeemsa hojii waajjira haqaa aanaa ta'uu danda'an filachuun akka mirkanaa'uuf Gumii Waliigalaatiif ni dhiyyeessa**.**

4 Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti caqasame yoo jiraateyyuu Gumiin Godinaa ramaddii abbootii adeemsaa aanaa akka mirkaneessuf Gumiin Waliigalaa Aangoo bakka bu'ummaa kennuufi ni danda'a.

**37 Haalaa Ramaddii Namoota Gara Biiroo Haqaatti Deebi'uuf Gaafatanii**

Sababa hojii mootummaatiin Abbaan Alangaa mana hojii mootummaa birootti jijjirame yookiin mudame hojjechaa eerga turee booda gara Biirootti deebi'uuf yoo gaafatee naamuusa gaarii kan qabu ta'uun isaa eerga mirkanaa'ee booda muxannoon hojii isaa akkaataa qajeelfama kana kewwwata 25 jalatti tumameen shallagameefi, akkasuumas sadarkaan barumsa isaas ilaallamee bakka hojii banaa jirutti ramadamuu ni danda'a.

## Kutaa Jaha

## Tumaalee Adda Addaa

**38 Iyyata Hojii Gadi-Lakkisii Keessumeessu**

Abbaan Alangaa hojii gadi-laakkisuuf iyyata dhiyyeefate guyyaa iyyata dhiyeeffate irraa kaassee ji'a tokko keessatti barreeffamaan yaada isaa kan hin jijjiire yoo ta'ee, Biiroon xalayaa hojii irraa itti gaggeeffamu barreesse kennuufii ni danda'a.

**39 Aangoo Qajeelfama Fooyyeessuu**

Gumiin Waliigalaa barbaachisaa ta'ee yoo argame qajeelfama kana fooyyeessuu ni danda'a.

**40 Seeroota Raawwatiinsa Hin Qabne**

1. Qajeelfama Lakk.3/2002, Qajeelfama Lakk.4/2003, Qajeelfama Lakk.6/2005 fi Qajeelfama Lakk.7/2005 qajeelfama kanaan haqamanii jiru.
2. Qajeelfama Lakk.1/1999 keewwatni 4 akkuma jiruutti kan itti fufu ta'ee, keewwatoon biroo haqamaniiru.
3. Qajeelfamni fi barmaatileen hojii qajeelfama kanaan walfaallessan kamiyyu dhiimmoota qajeelfama kana keessaatti ammataman irratti raawwatiinsa hin qabanu.

**41 Yeroo Qajeelfamni Kun Hojii Irra Itti Oolu**

Qajeelfamni kun Muddee 1/2006 irraa eegalee kan hojii irra oolu ta'a.

**Fiqaaduu Sobbooqaa Gammadaa**

**Hoogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa**

**Muddee 1/2006**

**Finfinnee**